



**Qajeelcha Poolisii Minneapolis**  
**Maanu'aali Himaammataa fi Adeemsaa**

Lakkoobsa:  
8-300

**Jildii Saddeet - Dargaggoota – Himaammataafi Tarsiimoo**

**Hojimaata Hidhaa Dargaggootaa**

**8-302            Amala Badaa fi Haala Yakka Dargaggootaa – Umurii Wagga 10 Ol**  
(10/07/08)

(A-D)

Qondaaltonni taateewwan reebicha mana keessaa ykn Ajaja Eegumsaa cabsuu irraa kan hafe, dargaggoota umuriin isaanii wagga 10 ol ta'eef, yakka tiraafikaa hin taane, yakka xixiqqoo fi yakka sadarkaatiin, Wabii Dargaggoota Kaawuntii Hennepin (tag) kennuu ni danda'u (kutaa 8-201 Hojimaata Hidhaa Amala Badaa Dargaggootaa, Yakkaa fi Reebicha Mana Keessaa ilaala).

Dargaggeessi sun warra ykn guddiftuu seeraaf ni gadhiifama. Dargaggeessi sun warra ykn guddiftuu seeraaf gadhiifamuu yoo hin dandeenye gara Giddugala To'annoo Dargaggootaatti ni fudhatama.

Yoo dargaggeessi adda baafamu hin dandeenye, qondaaltonni shakkamaa gara Kutaa Dargaggootaatti (yeroo hojiitti), ykn gara Laaboraatoorii Yakkaatti (yeroo Kutaan Dargaggootaa cufamu) geessuu gargaarsa adda baasuu argachuu ni danda'u. Qondaaltonni dargaggoota geejjibsiisuu isaanii dura Laaboraatoorii Yakkaa qunnamuun hoijettooni akka jiran mirkaneessuu qabu.

Wabii Dargaggootaa kenname hundaaf, qondaalli gabaasa CAPRS walgitu sanada dargaggeessi sun eenyuuf akka gadhiifamee fi lakkofsa wabii dabalatee guutuu qabu. Koppiin wabii kan mana murtii gara Kutaa Dargaggootaatti darba.

**Hubachiisa:** Wabiin akka idileetti hin qoratamu; isaanis qorannoo guutuu ta'uuf kan yaadaman yoo ta'u, odee effannoowwan tajaajila himanna fi waamicha wabiif barbaachisan hunda of keessaa qabaachuu qabu.